# Bu'uuroota Amantii

## Tajaajila Kristiyaanaa LHM - Itoophiyaa

## Kutaa 2ffaa
## Barumsa 3ffaa

# Iyesus Kristoos- Waaqaafi Nama

"... Cubbuu keenya dhagna isaatiin baatee fannootti ol ba'e.... " Pheexiroos 1ffaa 2:24

1. **Iyesus waa'ee keenyaaf akka du'e beeknna, waa'ee isa qayyabachuudhaan maaliif ofi dadhabsiifnna?**

   Waa'ee fayyisaa isa dhugaa beekuun waan inni nuuf godhe beekuu jechuudha, nuyi immoo beekumsa ofiif arganne sana itti jiraachuuf warra kaaniif hubachisuun barbaachisa ta'a. Sababiinsa amantii kristiyaana Iyesus kristoosi irratti hundeeffame jira.

2. **Iyesus Kristoos Waaqadhaa?**

   A. Inni guddaa in ta'a ilma aabaas jedhamee ... Luqaas 1:32
      inni Saba hundumaa cubbuu isaanirra in fayyisa ..... Maatewos 1:21
      Filiphisiyus 2:10-11 Esaayaas 7:14, Maate 1:23 Esayaas 9:6
   B. Iyesus amala waaqummaa isa eebbifamaa qaba, humna qabeessa, ogeessa, bara baraan kan jiraatu kan in jijjiiramnne, cubbuu kan hin hojjenne, araara qabeessa, Inni mudaa hin qabu guutummaatti qajeeladha. Ibroota 13:8 yohaannis 21:17 (1:1-2 Qolasiyoos 2:9

C. Iyesus Humna qabeessaa, hunduma ni raawwata cubbuu namaaf ni dhiisa, dinqii ni hojjeta hafuura xura'oo ni baasa, akka waaqummaasaatti dogongora malee dubbata, du'a mo'ee ka'eera.
Maatewes 28:18 yohaannis 3:2 (9:6) (1: )

D. Iyesuusiif waqeefamuufi ulfinni isaaf ni ta'a inni waaqadha, gochaa inni uuf godheef isa waaqessuun, isa jaallachuun isaaf ulfina kennuun ni ta'a.
Yohaannis 5:23 Filiphisius 2:9:1

**3. Iyesus attamitti nama ta'e?**

A. Akkuma nama kamiyyuu foon uffatee haadha isa irraa dhalate, qaama isaatinis akkuma namatti guddate (Galatiyaa 4:4-5 Yohaannis 1:14 Filiphisiyws 2:7 bubannaa

B. Yaadafi hubannaa namoonni qaban innis qaba ture, Barsiseera, mormeera, hubachiisuufi amansiisuuf kan barbaachisu raawwateera. Maatewos 7:28-29

C. Akkuma namaa gammachuufi cidha irratti argame kan isatti dhagamu ibsaa ture du'a namootaatti gaddeera, yihuudonni isa ajjeesuudhaaf yemmuu isa qaban sodaan itti dhaga'ameera, cubbuufi hammina ni jiba ture, jaalala namootaa ni barbaada, si'a tokko tokko immoo qofumaanis ittidhagaama ture kun hundumtu amala namootarratti mulatuudha.
Luqaas 22:42-44 Yohaannis 2:14-16 yohaannis 11:34-36

D. Ni beelaa ni dheebotas ture barsiisa yeroo dheeraa booda akkuma namaa ni dadhaba, boqonnaafi tasggabbii ni fedha ture walumaagalatti kan nama foonitiif barbachisu inni ni barbaada ture .
Maatewos 4:2 maarqoos 6:31-32 Yohaannis 4:6

E. Geetasamaani iddoo wayinii sanatti baayyee dhiphate, yemmuu rukutanis dhiigni isa ni dhangalaa ture, warri isa dhiphisan ittiga'isun turan dhumarratti dhiphinaafi gidiraa keenya fudhatee akkuma namaatti du'ee awwaalame Yohaannis 19:33-34, Luqaas 23:46

**4. Iyesus akka namaa ta'uu maaliif isa barbaachise?**

Dhiifamuu cubbuu argachuudhaaf aarsaan dhiyessuun ni barbaachisa kunis sababiiwwan lamaaf. Innis,

1) Seericha raawwachuuf (Galaatiyaa 4:4-5)
2) Gatii cubbuu du'a waan ta'eef, gatii du'aa baasun immoo waan barbaachisuuf, Iyesus akka namaa ta'ee nuuf du'udhaaf nama ta'uu qaba ture.Rooma. 6:23 Ibroota 2:14-17

**5. Qaamni (Dhagni) tokko attamitti waaqas namas ta'uu danda'aa?**

Iyesus al tokkotti waaqas namas akka ta'ee ture beekuun barbaachisaadha, namoonni gochaa Iyesus kana ganan, lamaanuu keessaa tokko qofa ta'uu dandaa jedhu. Kana hubachuun ni ulfaata yoo ta'ellee amala waaqummafi namummaa ufatee ergaa isa sana raawwachuun cubbuu keetiif du'ee akka si oolchu barbaachisaa ture. Rooma 1:3-4 Ximootewos 1ffaa 3:16 Rooma 11:33

**6. Iyyesus waaqas namas akka ture amantiin hundinuu ni barsiisuu?**

Kutaa macaafa qulqulluu keessaa dhimma ijoo ta'e kana amantiiwwan tokko tokko hin fudhatan, fakkeenyaaf Qulqulloota bara dhumaa (Mormonsi fi Joovaa) warri jedhaman sadan tokkummaati hin amanan waan ta'eef waaqummaasaa hinamanan akka umama humna qabeessaatti malee walqixxummaa inni waaqayyo waliin qabu hin amanan kanaaf macaafa keessaa kutaa kana hin barsiisan. Yohaannis 8; 58

**Dabalataan**: - Yohaanis 1:1 qalaasiyas 1:16-17 Filiphisus 2:6

## 7. Iyesus waaqas namas ta'uun maaliif isa barbaachise?

Namni gatii du'aa baasuuf hindandeenye, kanaaf Iyesus gatii kana baasuuf nama ta'ee dhufe. Roomaa 5:17-19

Gatii Kana baasuu kan danda'u hin turre, Iyesus mudaa hin qabu ture, waaqummaasatinis jiraataa ture.

Ibroota 7;26-27 Qor 2ffaa 5:21 faar 49:79 ibroota 2:14 yohaannis 10-18 Qor 2ffaa 15:56-57 Maatewos 20:28 yohaannis 1ffaa 3:7-8, Luqaas 19:10 yohaannis 10:10 yohaannis 18:37

### Xumura Kutaa 2 ffaa Barumsa 3 ffaa

Gaaffiiwwan kana afaaniin deebisuuf yaali, yoo sirakkise barumsicha keessa deebii ilaali.

Deebiicha yemmuu ati nuuf ergitu nuyis qabxii kee barumsa itti'aanu duukaa siif ergina. Gooftaan si haa'eebbisu.

Gaffiiwwan Kutaa 2ffaa
Barumsa 3ffaa

1. Kutaa Kana fullaasi.

   Qor 1ffaa 3:11 "Isuma dur kaa'amea... _____

   _____

   _____

2. Iyesus Kristoos waaqa ta'uusaa kan itti amannu waa sadi ibsi.
   1) _____

      _____

   2) _____

      _____

   3) _____

      _____

3. Jalqabatti sagaleen ture, sagalichis waaqayyo bira ture macaafa keessatti arganna kun waa'ee maali agarsiisa?

   _____

   _____

   _____

4. Iyesuus Kristoos nama ta'uusaa kan itti amannu waa lama ibsi.
   1) _____

      _____

   (2) _____

      _____

5. Iyesus kristoos attamitti waaqas namas ta'uu akka danda'e beekuun baayee salphaadha. (Dhugaa) ykn (Soba)
6. Jireenyi namummaa Iyesus kristoos jireenya namummaa isa kan keenyaa irraa maaliin akka adda ba'u waa lama ibsi.

   1) _____

      _____

   2) _____

      _____

7. Hima sirri ta'e agarsiisi.
   ( ) 1) Iyesus gar tokko waaqa gar-tokko immoo nama ture
   ( ) 2) Iyesus waaqummaa guutuu qaba ture namummaansa garuu guutuu miti
   ( ) 3) Iyesus waaqas namas ture.
8. Iyesus nama ta'ee jireenya keenya waan argeef rakkina keenya hubatee nu gargaaruu danda'a.
   (Dhugaa) Ykn (Soba)
9. Kutaa Macaafa qulqulluu kana fullaasii Qor 5:2

   _____

   _____

   _____

10. Sirrii Kan ta'e filadhu
    Iyesus waaqas namas ta'uu isa maaliif barbaachise?
    ( ) A. Gatii cubbuu kan baasuu danda'u waaqummaafi namummaa kan qabu ta'uun waan irra jiruuf
    ( ) B. Addaam cubbamaa waan tureef Iyesuus akkuma isa cubbamaa ta'uun waan barbaachiseef,
    ( ) C. Hojiichi inni Iyesus raawwachuuf ka'e sun deggerssa qaamolee lamaa ykn deggerssa waaqayyofi namaa kan barbaadu waan ta'eef,

Maqaa _____

Lakk _____

Teessoo _____

To'ataa _____